

Akkaataa seerota biyyoolessaa yeroo ammaa hojjiirra jiraniitiin Abbaan Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa ofii isaatii qaama mootummaa federaalaa aangoo qabuun moggaafamuun misoomsaa ta'ee hojjechuu waan hin dandeenyeef dhaabbata misooma mootummaa hojii misooma Zoonichaa raawwatu hundeessuufi aangoofoi hojii isaa seeraan murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Labsii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa Lakkoofsa 226/2012 keewwata 13(23) jalatti Abbaan Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa dhaabbilee hojii misoomaa zoonicha keessatti hojjetan of jalatti hundeessuun hogganuu akka danda'u waan tumameef;

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014 keewwata 73(1) fi Labsii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa Lakkoofsa 226/2012 Keewwata 27(1) Dambiin kun bahee jira.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa Dambiin kun “Dambii Korporeeshinii Misooma Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa, Lakkoofsa 228/2014” jedhamee waamamuu ni danda'a.
2. **Hiika**
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:
 - 1) “Abbaa Taayitaa” jechuun Abbaa Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaati.
 - 2) “Boordii” jechuun Boordii Korporeeshinii Misooma Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa bu'uurra Dambii kanaatiin hundeeffamedha.

አሁን ባሉት የአገራችን የህግ ማዕቀፎች ገዳ ልዩ ኢኮኖሚ ዞን ባለስልጣን በራሱ አልሚ መሆን ስለማይችል አልሚ ሆኖ በዞኑ የልማት ስራ መስራት የሚችል የመንግስት የልማት ድርጅት በማቋቋም እና ሥልጣንና ተግባሩን በህግ መወሰን አስፈላጊ በመሆኑ፤

በገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን አዋጅ ቁጥር 226/2012 አንቀጽ 13(23) መሰረት የገዳ ልዩ ኢኮኖሚ ዞን ባለስልጣን በዞኑ የልማት ስራ ላይ የሚሳተፍ የመንግስት የልማት ድርጅት ከስሩ እንዲመሰረት በማድረግ መምራት እንደሚችል ስለተደነገገ፤

በአሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት አስፈጻሚ አካላት አዋጅ ቁጥር 242/2014 አንቀጽ 73(1) እና በገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን አዋጅ ቁጥር 226/2012 አንቀጽ 27(1) መሰረት ይህ ደንብ ወጥቷል።

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች

1. **አጭር ርዕስ**
ይህ ደንብ “የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ልማት ኮርፖሬሽን ደንብ ቁጥር 228/2014” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።
2. **ትርጓሜ**
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያስጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፦
 - 1) “ባለ ሥልጣን” ማለት የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ባለሥልጣን ነው።
 - 2) “ቦርድ” ማለት በዚህ ደንብ መሠረት የተቋቋመ የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ልማት ኮርፖሬሽን ቦርድ ነው።

Whereas, it has become necessary to establish a public enterprise that undertake the development work of the Zone and to determine its powers and functions by law since according to federal laws currently in force, the Gada Special Economic Zone Authority cannot itself be designated by the competent authority of the federal government to act as a developer;

Whereas, under Article 13(23) of the Gada Special Economic Zone proclamation Number 226/2020, the Gada Special Economic Zone Authority has been empowered to establish and administer accountable enterprises that take part in the development works of the Zone;

NOW, THEREFORE, in accordance with article 73(1) of the Oromia Regional State Executive Organs Proclamation Number 242/2021 and Article 27(1) of the Gada Special Economic Zone proclamation Number 226/2020, this Regulation is hereby issued.

Part One
General Provisions

1. **Short Title**
This Regulation may be cited as the “Gadaa Special Economic Zone Development Corporation Regulation, No. 228/2022”.
2. **Definition**
Unless the context requires, otherwise in this Regulation:
 - 1) “Authority” means the Gada Special Economic Zone Authority.
 - 2) “Board” means the Board of the Gada Special Economic Zone Development Corporation established in accordance with this Regulation.

- 3) “Bu’aa Qulqulluu” jechuun maallaqa galiifi kaffaltii adda addaa irraa argaman irraa baasii adda addaafi bara baajataa keessatti hojii gaggeessituu, mindaafi herregaawwan seeraan baasii ta’an, gatii tilmaama dullummaa akkasumas dhalaafi taaksiiwwan adda addaa irraa hir’ifamee herrega hafudha.
- 4) “Bu’uuraalee Misoomaa” jechuun bu’uuraalee misoomaa kan akka daandii, humna ibsaa, bishaan, sarara balfa dhangala’aa, sarara bilbilaa, sarara intarnetii, gamoowwan yookiin tajaajiloota gamoon walqabatanii misoomaafi hojiiwwan Zoonichaaf barbaachisan kan biroo ni dabalata.
- 5) “Fandii Misoomaa Zoonichaa” jechuun bu’aa qulqulluu Korpo-reeshinii Misooma Zoonii Dinagdee Addaa Gadaa wagggaatti argatu irraa of-eeggannoon seeraa citee kan lakkoofsa herrega addaa dhimma kanaaf Abbaa Taayitichaan banametti galii ta’u jechuudha.
- 6) “Intarpiraayizii Zoonichaa” jechuun dhaabbata bu’aaf hunda’ee seerota Investimentii biyyoolessaa rogummaa qaban, hayyama hojiifi waliigaltee Zoonicha waliin taasisee bu’uur-effachuun dhuunfaan, mootummaan yookiin sharikummaa mootummaafi dhuunfaatiin kan bulu, abbootii qabeenyaa lammiiilee Itoophiyaatiin yookiin biyya alaatiin yookiin shariikummaa lammiiilee Itoophiyaafi biyya alaatiin Zoonicha keessatti liizii xiqqaan lafa fudhachuun misoomsuun yookiin gamoo ijaarame kireeffachuudhaan yookiin bituudhaan kan oomishu yookiin tajaajila kan kennu jechuudha.
- 7) “Investara” jechuun nama hojii investimantii irratti seerota investimantii eeggatee bobba’e ta’ee, lammii biyya keessaa yookiin biyya alaa jechuudha.

- 3) “የተጣራ ትርፍ” ማለት ከተለያዩ ገቢዎችና ክፍያዎች ላይ የሚገኝ ገንዘቦች ላይ ከተለያዩ ወጪዎች እና በበጀት ዓመቱ ውስጥ ሥራ ማስኬጃ፣ ደግሞ እና በሀገራዊ መንገድ ወጪ የሆኑ ሂሳቦች፣ የእርጅና ዘመን ግምት እንዲሁም ወለድ እና የተለያዩ ግብሮች ተቀንሶ የሚቀር ሂሳብ ነው።
- 4) “መሠረተ ልማቶች” ማለት እንደ መንገድ፣ መብራት፣ ውሃ፣ የፍላጎት ማስወገጃ መስመር፣ የስልክ መስመር፣ የኢንተርኔት መስመር፣ ህንጻዎች ወይም ለዞን ልማት እና ስራዎች አስፈላጊ የሆኑ ሌሎች ከህንጻ ጋር የተያያዙ አገልግሎቶችን የመሰጠት መሠረተ ልማቶች ያጠቃልላል።
- 5) “የዞን ልማት ፈንድ” ማለት የገዳ ልዩ ኢኮኖሚ ዞን ልማት ኮርፖሬሽን በየዓመቱ ከሚያገኝ የተጣራ ትርፍ ላይ ሀገራዊ መጠባበቅያ ተቀንሶ በባለሥልጣኑ ለዚሁ ዓላማ በተከፈተ ልዩ ሂሳብ ቁጥር ገቢ የሚሆን ነው።
- 6) “የዞን ኢንተርፕራይዝ” ማለት በሀገር አቀፍ የኢንቨስትመንት ህጎች፣ በስራ ፈቃድን እና ከዞን ጋር በሚደረግ ስምምነት መሰረት በግል፣ በመንግስት፣ በመንግስትና በግል በቅንጅት የሚተዳደር በኢትዮጵያውያን ወይም በውጭ አገር ባለሀብቶች ወይም በቅንጅት ዞን ውስጥ የለማ መራትን በንዑስ ሊዝ ወስዶ ገንብቶ ወይም የተገነባ የፋብሪካ ህንፃን ተከራይቶ ወይም ገዝቶ ምርት የሚያመርት ወይም አገልግሎት የሚሰጥ ለትርፍ የተቋቋመ ድርጅት ነው።
- 7) “ኢንቨስተር” ማለት በኢንቨስትመንት ህጎች መሰረት የኢንቨስትመንት ስራ ላይ የተሰማራ ሰው ሆኖ የሀገር ውስጥ ወይም የውጭ ሀገር ዜጋ ማለት ነው።

- 3) “Net Profit” means the remaining profit after deduction of various expenditures and operation costs, salary and legally spent finances, depreciation prices as well as interests and various taxes within the fiscal year from the money obtained out of the income and various payments.
- 4) “Infrastructures” means facilities such as road, electricity, water, sewerage line, telephone line, internet line, buildings or other building-related services necessary for the development and operations of the Zone.
- 5) “Development Fund of the Zone” means the annual net profit of the Gada Special Economic Zone Development Corporation deposited in a special account number opened by the Authority for this purpose after deducting the legal reserve.
- 6) “Enterprise of the Zone” means a public, private or public-private enterprise owned by Ethiopians, foreigners or jointly and possess developed land under the Zone through sub-lease or by renting or building a factory within the Zone to engage in manufacturing activity or in service provision for profit making in accordance with proper national investment Laws, work permit and agreement made with the Zone;
- 7) “Investor” means a person engaged in investment activities in accordance with investment laws, whether a domestic or foreigner.

- 8) “Kaappitaala” jechuun yeroo Korporeeshinichi hundeeffamuufi erga hundeeffamee booda Mootummaa Naannichaatiin maallaqa callaafi qabeenya akaakuun ramadamuuf ta’ee qabeenya waliigalaa Korporeeshinichaa jechuudha.
- 9) “Korporeeshinii” jechuun Korporeeshinii Misooma Zoonii Diinagdee Addaa Gadaati.
- 10) “Liizii Xiqqaa” jechuun misoomsaan yookiin investarri Zoonicha keessaa lafa liiziidhaan fudhatee erga misoomsee booda lafa misoomse keessaa qoodee misoomsaa yookiin investara biraatiif dabarsuu jechuudha.
- 11) “Misoomsaa” jechuun adda durummaan Korporeeshinicha ta’ee, nama Korporeeshinicha waliin waliigaltee taasisuun Zoonicha keessatti hojiiwwan ijaarsaa, dizaayiniifi misoomsuu adda addaa raawwatuufi bu’aaf hojjetu ni dabalata.
- 12) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 13) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.
- 14) “Odiitara” jechuun akkaataa Dambii kanaatiin herrega Korporeeshinichaa kan qoratu nama uumamaa yookiin dhaabbata qaamni seerummaa kennameef jechuudha.
- 15) “Qabeenya Qulqulluu Waliigalaa” jechuun qabeenya waliigalaa irraa bara herregaa qabame keessatti idaawwan kaffalaman kan akka idaawwan yeroo dheeraatti kaffalaman, galii dursa kaffalameefi idaawwan biroon hir’ifamanii qabeenya hafu jechuu dha.
- 16) “Qabeenya Waliigalaa” jechuun qabeenyota Korporeeshinichaa kan hin sochooneefi socho’u, galiiwwan Korporeeshinichi hin fudhatiin jiru maallaqa callaafi herrega baankii yoo ta’u, qabeenyaa qabatamoo hin taane, baasiwwan dursanii kaffalamaniifi herrega biroo galii ta’uu qaban ni dabalata.

- 8) “ካፒታል” ማለት ኮርፖሬሽን ሲመሰረትና ከተመሰረተ በኋላ በክልሉ መንግሥት በጥሬ ገንዘብና በንብረት ዓይነት የሚመደበው ሆኖ የኮርፖሬሽን ጠቅላላ ሀብት ማለት ነው።
- 9) “ኮርፖሬሽን” ማለት የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ልማት ኮርፖሬሽን ነው።
- 10) “ንዑስ ሊዝ” ማለት በዙፍ ውስጥ በሊዝ መራት የወሰደ አልሚ ወይም ኢንቨስተር ካለማ በኋላ ያለማውን መራት ከፋፍሎ ለሌላ አልሚ ወይም ኢንቨስተር ማስተላለፍ ማለት ነው።
- 11) “አልሚ” ማለት በዋናነት ኮርፖሬሽን ሆኖ፣ ከኮርፖሬሽን ጋር ውል በመፈፀም በዙፍ ውስጥ የተለያዩ የግንባታ፣ የዲዛይንና የልማት ሥራዎችን የሚያከናውን እና ለትርፍ የሚንቀሳቀስ ሰውን ያጠቃልላል።
- 12) “መንግስት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ነው።
- 13) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው።
- 14) “ኦዲተር” ማለት በዚህ ደንብ መሠረት የኮርፖሬሽንን ሒሳብ የሚመረምር የተፈጥሮ ሰው ወይም ሕጋዊ ሰውነት የተሰጠው ድርጅት ማለት ነው።
- 15) “ጠቅላላ የተጣራ ሀብት” ማለት ከጠቅላላ ሀብት ላይ በተያዘው የሂሳብ ዓመት ውስጥ የሚከፈሉ እዳዎች እንደ በረጅም ጊዜ የሚከፈሉ እዳዎች፣ የቅድመ ክፍያ ገቢ እና ሌሎች እዳዎች ተቀንሶ የሚቀር ሀብት ማለት ነው።
- 16) “አጠቃላይ ሀብት” ማለት የኮርፖሬሽን ተንቀሳቃሽ እና የማይንቀሳቀሱ ንብረቶች፣ ኮርፖሬሽን ያልተቀበላቸው ጥሬ ገንዘብ እና የባንክ ሒሳብ ገቢዎች ሲሆን፣ የማይዳሰሱ ንብረቶች፣ አስቀድሞ የተከፈሉ ወጪዎች እና ሌሎች ገቢ መሆን ያለባቸው ሂሳቦችን ያጠቃልላል።

- 8) “Capital” means the total assets of the Corporation allocated in cash and in kind by the Regional Government whilst and after establishment of the Corporation.
- 9) “Corporation” means the Gada Special Economic Zone Development Corporation.
- 10) “Sub-Lease” means a transfer of a parcel from developed land of the Zone possessed through lease by the developer or investor to other developer or investor after he has developed it.
- 11) “Developer” means primarily of the Corporation and includes profit making person, who performs various constructing, designing and developing works in the Zone in accordance with the contract concluded with the Corporation.
- 12) “Government” means Oromia Regional Sate Government.
- 13) “Person” means a natural or a juridical person.
- 14) “Auditor” means a natural person or juridical person delegated to audit the accounts of the Corporation in accordance with this Regulation.
- 15) “Total Net Assets” means the remaining assets after deducting debt paid such as long-term debts, prepaid income and other debts paid during the accounting year.
- 16) “Total Assets” means assets which include all the movable and immovable assets of the Corporation, cash and bank accounts, income not received by the Corporation, intangible assets, prepaid expenses and other accounts receivable.

- 17) “Qooda Bu’aa Mootummaa” jechuun bu’aa qulqulluu Korporeeshinichaa irraa herrega of eeggannoo seeraafi of eeggannoo birootti maallaqni galii ta’u hir’atee herrega hafu dha.
- 18) “Zoonii” jechuun Zoonii Diingadee Addaa Gadaati.

3. Ibsa Kornayaa

Dambii kana keessatti kornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun Lafa Zoonicha jalatti daangeffameefi fuulduraaf daangeffamu akkasuma hojii Korporeeshinichaa, qaamolee bulchiinsaafi hojjettoota Korporeeshinichaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Hundeeffama, Kaayyoo, Aangoofi Hojii Korporeeshinichaa

5. Hundeeffamaafi Itti Waamama

- 1) Korporeeshiniin Misooma Zoonii Diingadee Addaa Gadaa kanaan booda “Korporeeshinii” jedhamee kan waamamu Dhaabbata Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta’ee Dambii kanaan hundeeffamee jira.
- 2) Itti waamamni Korporeeshinichaa Abbaa Taayitichaatiif ta’a.
- 3) Korporeeshinichi akkaataa barbaachisummaa isaatti, seerota Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannichaa, seerota rogummaa qaban kan biroofi Dambii kanaan kan bulu ta’a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, itti-waamama, to’annoofi hordoffii korporeeshinichaa ilaalchisee Labsiin Zoonii Diingadee Addaa Gadaa raawwatiinsa ni qabaata.

- 17) “የመንግስት ትርፍ ድርጅት” ማለት ከኮርፖሬሽን የተጣራ ትርፍ ላይ ለህጋዊ የመጠባበቂያ እና ለሌላ መጠባበቂያ ሂሳብ ገቢ የሚሆን ገንዘብ ተቀንሶ የሚቀር ሂሳብ ነው።

- 18) “ዞን” ማለት የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ማለት ነው።

3. የጾታ አገላለፅ

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለፀው ቃል ሴትንም ይጨምራል።

4. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ ደንብ በዞን ስር የተከለሰ መራት እና ለወደፊት የሚከለል እንዲሁም በኮርፖሬሽን ስራዎች፣ አስተዳደር አካላት እና ሰራተኞች ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

ክፍል ሁለት

የኮርፖሬሽን መመስረት፣ ዓላማ፣ ሥልጣን እና ተግባራት

5. መመስረት እና ተጠሪነት

- 1) የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ልማት ኮርፖሬሽን ከዚህ በኋላ “ኮርፖሬሽን” ተብሎ የሚጠራ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት የልማት ድርጅት ሆኖ በዚህ ደንብ ተመስርቷል።
- 2) የኮርፖሬሽን ተጠሪነት ለባለሥልጣኑ ይሆናል።
- 3) ኮርፖሬሽን እንደአስፈላጊነቱ በክልሉ የመንግስት የልማት ድርጅት ህጎች፣ ሌሎች አግባብነት ያላቸው ህጎች እና በዚህ ደንብ የሚተዳደር ይሆናል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር የተደነገገው ቢኖርም የኮርፖሬሽን ተጠሪነት፣ ቁጥጥር እና ክትትልን በተመለከተ የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን አዋጅ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

- 17) “Government Dividend of Profit” means the remaining balance after the money deposited in to legal reserve funds and in to other reserve funds have been deducted from the net profit of the Corporation.

- 18) “Zone” means the Gada Special Economic Zone.

3. Gender Reference

In this regulation, the term expressed in masculine gender shall also apply to the feminine gender.

4. Scope of Application

This regulation shall be apply to the land demarcated and to be demarcated under the Zone as well as on the activities, the administrative bodies and employees of the Corporation.

Part Two

Establishment, Objective, Powers and Duties of the Corporation

5. Establishment and Accountability

- 1) The Gada Special Economic Zone Development Corporation, herein after referred to as the “Corporation” is established as a public enterprise of Oromia Regional Government by this Regulation.
- 2) The Corporation shall be accountable to the Authority.
- 3) The Corporation shall be governed by Public enterprise Law of the Region, other appropriate laws and by this Regulation, as may be necessary.
- 4) Notwithstanding the provision of sub article 3 of this Article, the Gadaa Special Economic Zone Proclamation shall apply with respect to the accountability, control and follow-up of the corporation.

6. Teessoo Waajjira Ol'aanaa
 Teessoo Waajjira ol'aanaa Korporeeshinichaa Zoonicha keessa ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti biyya keessaafi biyya alaatii damee qabaachuu ni danda'a.

7. Kaayyoo
 Korporeeshinichi kaayyoo armaan gadii ni qabaata:

- 1) Sadarkaa qulqullina tajaajilaa olaanaa gonfachuun gabaa bilisaa keessatti dorgomaa ta'uun Zoonicha misoomsuun kaayyoo barbaadameef akka oolu taasisuu;
- 2) Hojiiwwan daldalaafi invastimantii adda addaa irratti hirmaachuufi investeroota yookiin Interpiraayizoota Zoonichaa misooma Zoonichaa irratti hirmaataniif haala mijataa uumuun misooma Zoonichaaf galii argamsiisuu;
- 3) Giddugala teeknooloojiiifi kalaqaa ta'uun cehumsa gara industiriitti taasifamu dhugoomsuu; fi
- 4) Carraa hojii uumuu.

8. Aangoofi Hojii Korporeeshinichaa

Korporeeshinichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Daangaa qabiyyee Zoonichaa keessatti hojii bu'uuraalee misoomaa diriirsuu, suphuufi haaromsuu ni raawwata; akka rawwatamu misoomsaa biraa waliin hojjeta; ni hordofa; ni to'ata;
- 2) Zoonicha ni misoomsa; ni kunuunsa; ni beeksisa; ni bulcha;
- 3) Lafa Zoonicha keessatti daangefame keessaa adda baasuun kaartaan akka qophaa'u taasisuun akkaataa barbaachisummaa isaatti caalbaasiidhaan yookiin ramaddiidhaan misoomsaaf yookiin investaraa yookiin Interpiraayizii Zoonichaaf dabarfamee akka kennamu ni taasisa;

6. የዋናው መሥሪያ ቤት አድራሻ
 የኮርፖሬሽኑ ዋና መሥሪያ ቤት በዙነውስጥ ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ በሀገር ውስጥ እና በውጭ አገር ቅርንጫፎች ሊኖሩት ይችላል።

7. ዓላማ
 ኮርፖሬሽኑ የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖሩታል፡-

- 1) የላቀ የአገልግሎት ጥራት ደረጃን በመጎናፀፍ በነጻ ገበያ ውስጥ ተወዳዳሪ በመሆን ዙንን በማልማት ለተፈለገ ዓላማ እንዲውል ማድረግ፤
- 2) በተለያዩ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች በመሳተፍ እና በዙህ ልማት ላይ ለሚሳተፉት የዙህ ኢንቨስተሮች ወይም ኢንተርፕራይዞች አመቺ ሁኔታዎችን በመፍጠር ለዙህ ልማት ገቢ ማስገኘት፤
- 3) የቴክኖሎጂ እና ፈጠራ ማዕከል በመሆን ወደ ኢንዱስትሪ የሚደረገውን ሽግግር እውን ማድረግ፤ እና
- 4) የስራ እድል መፍጠር።

8. የኮርፖሬሽኑ ስልጣን እና ተግባራት
 ኮርፖሬሽኑ የሚከተሉትን ስልጣን እና ተግባራት ይኖሩታል፡-

- 1) በዙህ ይዞታ ወሰን ውስጥ መሠረተ ልማቶችን መዘርጋት፣ መጠገን እና ማደስ ተግባር ይፈፀማል፤ እንዲፈፀም ከሌላ አልሚ ጋር ይሰራል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- 2) ዙንን ያለማል፤ ይንከባከባል፤ ያስተዋውቃል፤ ያስተዳድራል፤
- 3) በዙህ ውስጥ ከተከለለ መሬት ውስጥ በመለየት ካርታ እንዲዘጋጅ በማድረግ እንዳስፈላጊነቱ በጨረታ ወይም በምደባ ለአልሚ ወይም ለኢንቨስተር ወይም ለዙህ ኢንተርፕራይዝ ተላልፎ እንዲሰጥ ያደርጋል፤

6. Address of Head Office
 The Head Office of the Corporation shall be in the Zone and may have branche offices within the country and abroad deemed necessary.

7. Objective
 The corporation shall have the following objectives:

- 1) Having a high level of service quality and being competitive in the free market, to develop the Zone so that it is used for the desired purpose;
- 2) To participate in various trade and investment activities and to create favorable conditions for investors or enterprises of the Zone to participate in the development of the Zone in order to generate income for the development of the Zone;
- 3) To ensure the transition towards industrialization serving as a center of technologies and inovetion;
- 4) To Create job opportunities.

8. Powers and Duties of the Corporation

The Corporation shall have the following powers and duties:

- 1) Engage in infrastructure development, maintenance and renovation activities within the boundary of the zone; works with another developer to get it done; follow up; control same;
- 2) Develop the zone; take care of it; promote it; administer it;
- 3) By identifying from the land demarcated in the zone and cause plan to be prepared and causes it to be transferred to the developer or investor or enterprise of the Zone by tender or allotment, as it deemed necessary;

- 4) Ulaagaaleen Zoonicha keessatti hojjechuuf misoomsaan yookiin investarri yookiin Interpiraayizii Zoonichaa guuttachuu qabu ni qopheessa; Boordiin yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
- 5) Ulaagaa simannaa investaraa yookiin misoomsaa yookiin Interpiraayizii Zoonichaa Boordichaan mirkanaa'e hojiirra ni oolcha; Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
- 6) Bu'uura seera rogummaa qabuutiin qonnaan bulaafi hawaa-sa daangaa Zoonichaa keessa jiraatan pirojeektota Zoonicha keessatti raawwataman keessaa sheerii akka qabaatan ni taasisa; Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 7) Qaama dhimmi ilaallatu waliin ta'uudhaan kenni tajaajila foddaa tokkoo Zoonicha keessatti akka hundaa'u ni taasisa; ni bulcha;
- 8) Ofii isaatiin yookiin qaamolee dhuunfaa waliin ta'uun lafa Zoonicha keessatti daangeffame irratti akkaataa ittifayyadama karoora lafaatiin gamoowwan industirii, daldalaafi jireenyaaf oolan ni ijaara; ni bulcha; misoomsaaf kiraan ni dabarsa;
- 9) Onnechiiftuu investara yookiin misoomsaaf seeraan murtaa'e hojiirra ni oolcha;
- 10) Gaaffii hojii misoomaa Zoonicha keessatti raawwachuuf qaamolee adda addaa irraa dhiyaatu ni simata; kanneen ulaagaa guutan simachuun waliin ni hojjeta;
- 11) Hojiiwwan bulchiinsaafi tajaajila adda addaa Zoonicha keessatti ni raawwata; akka raawwatamu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 12) Namootaafi dhaabbilee Zoonicha keessa jiraatan galmeessee ni qabata.

- 4) በዞኑ ውስጥ ለመስራት አልሚ ወይም ኢንቨስተር ወይም የዞኑ ኢንተርፕራይዝ ማሟላት ያለበትን መስፈርቶች ያዘጋጃል፤ በቦርዱ ሲወሰን ሥራ ላይ ያውላል፤
- 5) በቦርዱ የፀደቀውን የኢንቨስተር ወይም አልሚ ወይም የዞኑን ኢንተርፕራይዝ የመግቢያ መስፈርት ሥራ ላይ ያውላል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
- 6) አግባብነት ባለው ህግ መሰረት በዞኑ ወሰን ውስጥ የሚኖሩ አርሶ አደሮች እና ህብረተሰቦች በዞኑ ውስጥ ከሚከናወኑት ፕሮጀክቶች ድርሻ እንዲኖራቸው ያደርጋል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
- 7) ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን በዞኑ ውስጥ የአንድ መስኮት አገልግሎት አሰጣጥ እንዲመሰረት ያደርጋል፤ ያስተዳድራል፤
- 8) በራሱ ወይም ከግል አካላት ጋር በመሆን በዞኑ ውስጥ በተከለለው መሬት ላይ በመሬት አጠቃቀም ዕቅድ መሰረት ለኢንዱስትሪ፣ ለንግድ እና ለመኖሪያነት የሚውሉ ህንፃዎችን ይገነባል፤ ያስተዳድራል፤ ለአልሚዎች በኪራይ ያስተላልፋል፤
- 9) ለባለሀብቶች ወይም ለአልሚዎች በህግ የተወሰነላቸውን ማበረታቻ ሥራ ላይ ያውላል፤
- 10) በዞኑ ውስጥ የልማት ሥራን ለመስራት ከተለያዩ አካላት የሚቀርቡትን ጥያቄዎችን ያስተናግዳል፤ መስፈርቱን የሚያሟሉትን በማስተናገድ አብሮ ይሰራል፤
- 11) በዞኑ ውስጥ የተለያዩ የአስተዳደር እና የአገልግሎት ተግባራትን ያከናውናል፤ እንዲከናወኑ ያደርጋል፤ ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፤ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
- 12) በዞኑ ውስጥ የሚኖሩ ሰዎችና ተቋማትን መዝገቦ ይይዛል፤

- 4) Prepare the criteria that the developer or investor or enterprise of the Zone shall fulfill to work in the zone; Implement when decided by the Board;
- 5) Implement the admission criteria of the investor or developer or enterprise of the Zone approved by the Board; its implementation shall be decided by the directive to be issued;
- 6) Causes the farmers and communities living within the boundaries of the Zone to have a share in the projects implemented in the Zone in accordance with appropriate law; its implementation shall be decided by the directive to be issued;
- 7) Together with the concern bodies, causes to establish one-stop service center in the zone; administer same;
- 8) In accordance with the land use plan, construct industrial, commercial and residential buildings on land demarcated in the Zone on its own or in collaboration with private bodies; administer it; transfer it to the developer through rent;
- 9) Implement incentive determined for investor or developer by law;
- 10) Recieve requests submit from various bodies to conduct development works in the Zone; receive and work with those who meet the criteria;
- 11) Perform administrative activities and different services in the zone; causes to be performed; follow up; supervise; take corrective measures; cause to be taken;
- 12) Register and keep of persons and organizations that exist in the Zone;

- 13) Misoomsaan Zoonichaa hanga danda'ametti meeshaalee dheedhii biyya keessaa galtee ta'an akka fayyadamu ni jajjabeessa; haala ni mijeessa;
- 14) Investara yookiin Interpiraayizii Zoonichaa fedhii qaban wajjin waliigaluudhaan invastimantii waliinii irratti ni bobba'a;
- 15) Dhaabbilee yookiin jaarmiyaalee biyya keessaa meeshaalee dheedhii yookiin oomisha duraa galtee industirii Zoonichaaf dhiyeessan yookiin oomishan gosaan adda baasuun misoomsaa yookiin investara yookiin Interpiraayizii Zoonichaa waliin waliigaltee ni uuma;
- 16) Meeshaan yookiin oomishni industirii Zoonichaaf dhiyaatu sadarkaa qulqullina barbaadamu akka qabaatu taasiisuuf dandeettii raawwachiisummaa dhiyyees-sitootaa cimsuuf ni hojjeta;
- 17) Industiriiwwan qindaawaan, gid-dugaloota tiraanisfoormeeshiinii baadiyyaafi giddu galoota oomishni itti walitti qabamu giddu-utti akkasumas, industiriiwwan qindaa'aafi oomishtoota yookiin dhiyeessitoota naannichaa gidduutti hojmaatni qindaa'aaan akka uumamu dhimmoota barbaachisan ni raawwata;
- 18) Qonnaan bulaan yookiin ha-waasni lafa Zoonichaa irra jiraatu Zoonicha keessatti hammatamee mirgoota Labsii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaafi seerota biroo rogummaa qabanii kenamaniif fayyadamaa akka ta'u ni hojjeta.

Kutaa Sadii

Gurmaa'inaafi Qaamoolee Bulchiinsaa Korporeeshinichaa

9. Gurmaa'insa

Korporeeshinichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

- 1) Boordii;
- 2) Hojii Gaggeessaa O'aanaafi itti aantota hojii gaggeessaa o'aanaa; fi

- 13) የዞኑ አልሚ ባተቻለ መጠን ግብአት የሚሆኑ የሀገር ውስጥ ጥሬ እቃዎች እንዲጠቀም ያበረታታል፤ ሁኔታውን ያመቻቻል፤
- 14) ፍላጎት ያላቸው ኢንቨስተሮች ወይም የዞኑ ኢንተርፕራይዞች ጋር በመስማማት በጋራ ኢንቨስትመንት ላይ ይሰማራል፤
- 15) ለዞኑ ኢንዱስትሪ ግብአት የሚሆን ጥሬ ዕቃ ወይም ቅድሜ ምርት የሚያቀርቡ ወይም የሚያመርቱ የሀገር ውስጥ ድርጅት ወይም ተቋማትን በአይነት በመለየት ከአልሚ ወይም ኢንቨስተር ወይም ከዞኑ ኢንተርፕራይዝ ጋር ስምምነት ይፈጥራል፤
- 16) ለዞኑ የሚቀርቡት መሳሪያዎች ወይም የኢንዱስትሪ ምርቶች የሚፈለገውን የጥራት ደረጃ እንዲኖራቸው ለማድረግ የአቅራቢዎችን የማስፈጸም አቅም ለማጠናከር ይሰራል፤
- 17) በተቀናጁ ኢንዱስትሪዎች፣ በገጠር ትራንስፎርሜሽን ማዕከላት እና ምርት የሚሰበሰቡት ማዕከላት መካከል እንዲሁም በክልሉ ውስጥ ባሉ የተቀናጁ ኢንዱስትሪዎች እና አምራቾች ወይም አቅራቢዎች መካከል የተቀናጀ አሰራር እንዲፈጠር አስፈላጊ የሆኑ ጉዳዮችን ያከናውናል።
- 18) በዞኑ መራት ላይ የሚኖር አርሶ አደር ወይም ማህበረሰብ በዞኑ ውስጥ በመካተት በገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን አዋጅ እና ሌሎች አግባብነት ባላቸው ህጎች የተሰጣቸውን መብቶች ተጠቃሚ እንዲሆን ይሰራል።

ክፍል ሶስት

የኮርፖሬሽን አደረጃጀት እና አስተዳደር አካላት

9. አደረጃጀት

ኮርፖሬሽኑ ከሚከተሉት አደረጃጀት ይኖራታል፡-

- 1) ቦርድ፤
- 2) ዋና ሥራ አስኪያጅ እና ምክትል ዋና ሥራ አስኪያጅ፤ እና

- 13) Encourage the developer of the Zone to use domestic input materials as much as possible; facilitates same;
- 14) Engage in joint investments in agreement with interested investors or enterprises of the Zone;
- 15) By Identifying local organizations or institutions that supply or produce raw materials or initial products for the industries of the zone, enters into agreements with the developer or investor or enterprise of the Zone;
- 16) Work to strengthen the performance capacity of suppliers to ensure that the materials or industrial products supplied to the Zone have the required quality level;
- 17) Undertake activities necessary to create a coordinated system between integrated industries, rural transformation centers and product collection centers, as well as between integrated industries and manufacturers or suppliers in the Region;
- 18) Ensure that the farmer or community living on the land of the Zone is included in the Zone and become beneficiary of the rights granted by the Gada Special Economic Zone proclamation and other appropriate laws.

Part Three

Organization and Governing Bodies of the Corporation

9. Organization

The corporation shall have the following organization:

- 1) Board;
- 2) General Manager and Deputy General Managers; and

3) Hojjettoota barbaachisaa ta’an ni qabaata.

10. Hundeeffamaafi Itti Waamama Boordii

- 1) Hojii Korporeeshinichaa o’aan-tummaadhaan kan hoogganu Boordiin Korporeeshinii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa kanaan booda “Boordii” jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
- 2) Ittiwaamamni Boordichaa Abbaa Taayitaaf ta’a.

11. Miseensota Boordii

- 1) Boordichi miseensota toorba ni qabaata.
- 2) Miseensota Boordii keessaa namni tokko hojjettoota dhaabbii Korporeeshinichaa keessaa walgahii waliigalaa hojjettoota dhaabbiitiin kan filataman ta’ee, miseensonni Boordii hafan Abbaa Taayitaatiin filatamanii Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif dhiyaatanii kan ramadaman ta’a.
- 3) Walittiqabaan Boordii Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiin kan muudamu ta’a.

12. Aangoofi Hojii Boordii

- Boordichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:
- 1) Hojiiwan Korporeeshinichaa o’aan-tummaa ni hoggana;
 - 2) Karoora tarsiimaa’aa ergama Korporeeshinichaa waliin walsimu kallattii Abbaan Taayitichaa kennu hordofee yeroo isaa eegee qopheessee akka mirkanaa’u Abbaa Taayitichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa’us ni raawwachiisa;
 - 3) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Korporeeshinichaa ni mirkaneessa; raawwii isaas ni hordofa;
 - 4) Qophii karoora hojiiifi baajataa Korporeeshinichaa ni deeggara; karaa guutuu ta’ee qophaa’uu isaa ni xiinxala; Abbaa Taayitichaan yemmuu mirkanaa’u raawwii isaa ni hordofa;

3) አስፈላጊ ሰራተኞች ይኖሩታል።

10. የቦርድ መመስረት እና ተጠሪነት

- 1) የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ኮርፖሬሽን ቦርድ ከዚህ በኋላ “ቦርድ” ተብሎ የሚጠራ በዚህ ደንብ ተመስርቷል።
- 2) የቦርዱ ተጠሪነት ለባለሥልጣኑ ይሆናል።

11. የቦርድ አባላት

- 1) ቦርዱ ሰባት አባላት ይኖሩታል።
- 2) ከቦርዱ አባላት አንዱ ከኮርፖሬሽኑ ቋሚ ሰራተኞች መካከል በቋሚ ሰራተኞች ጠቅላላ ጉባኤ ተመርጦ ቀሪዎቹ የቦርድ አባላት በባለስልጣኑ ተመርጠው ለክልሉ መንግስት ፕሬዚዳንት ቀርበው የሚሾሙ ይሆናል።
- 3) የቦርድ ሰብሳቢ በክልሉ መንግሥት ፕሬዚዳንት የሚሾም ይሆናል።

12. የቦርዱ ስልጣን እና ተግባራት

- ቦርዱ የሚከተሉት ስልጣን እና ተግባራት ይኖሩታል፦
- 1) የኮርፖሬሽኑን ሥራ በበላይነት ይመራል፤
 - 2) ከኮርፖሬሽኑ ተልዕኮ ጋር የተጣጣሙ ስትራቴጂክ እቅዶችን ባለሥልጣኑ በሚሰጠው አቅጣጫ በመከተል በወቅቱ በማዘጋጀት እንዲፀድቅ ለባለሥልጣኑ ያቀርባል፤ ሲፀድቅም ያስፈጽማል፤
 - 3) የኮርፖሬሽኑን መተዳደሪያ ውስጠ-ደንብ ያፀድቃል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤
 - 4) የኮርፖሬሽኑን የሥራ እና የበጀት እቅድ ዝግጅት ይደግፋል፤ በተሟላ መንገድ መዘጋጀቱን ይመረምራል፤ በባለሥልጣኑ ሲፀድቅ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤

3) The necessary staff.

10. Establishment and Accountability of Board

- 1) The Board of the Gada Special Economic Zone Development Corporation, hereinafter referred to as the “Board”, is hereby established by this regulation.
- 2) The Board shall be accountable to the Authority.

11. Members of the Board

- 1) The Board shall have seven members.
- 2) One of the members of the Board shall be elected by the general meeting of the permanent employees of the Corporation among themselves and the remaining members of the Board shall be elected by the Authority and submitted to the President of the Regional State for appointment.
- 3) The chairperson of the Board shall be appointed by the President of the Regional State.

12. Powers and Duties of the Board

- The Board shall have the following powers and duties:
- 1) Chiefly manage the operations of the Corporation;
 - 2) Prepare strategic plan consistent with the mission of the Corporation in a timely manner following the direction given by the Authority and submit it to the Authority for approval; execute upon approval;
 - 3) Approve the by-law of the Corporation; follow up its implementation;
 - 4) Support the preparation of the work plan and budget of the Corporation; analyzes its completeness; follow-up its implementation when approved by the Authority;

- 5) Gabaasa raawwii hojiifi baajataa Korporeeshinichaa ni gamaag-gama; kallattii ni kaa'a;
- 6) Hojii gaggeessaa ol'aanaafi Itti Aanaa Hojii gaggeessaa ol'aanaa Korporeeshinichaa ni qacara; ni ramada; aangoo irraa ni kaasa; raawwiin isaa Qajeelfama bahu-un kan murtaa'u ta'a.
- 7) Qacarrii, rammaddii, mindaafi durgoo Ittigaafatamtoota Hojii ittiwaamamni isaanii Hojigaggeessaa Ol'aanaatiif ta'e, Hojigaggeessaa Ol'aanaatiin yammuu dhiyaatuuf bu'uura Qajeelfama bahuutiin ni mirkaneessa;
- 8) Barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa lakkoofsa herrega baankii Fandii Misoomaa Zoonichaatti galii akka ta'u ni taasisa;
- 9) Kaappitaalli Korporeeshinichaa akka dabaluu yookiin akka hir'atu Abbaa Taayitichaatiif yaada ni dhiyeessa;
- 10) Odiitara alaafi keessaatiif harshammeewwan herregaa, Abbaa Taayitichaatiif immoo gabaasawwan raawwii hojiifi ibsawwan herregaa Korporeeshinichaa yeroo isaa eegee akka dhiyaatu ni taasisa;
- 11) Karoora bittaa gurguddoo meeshaafi qabeenya hojii Korporeeshinichaaf murteessaa ta'an qorannoon mirkaneeffatee karroora hojii waggaa waliin Abbaa Taayitichaatiif akka dhiyaatu ni taasisa; murtii kennamu irratti hundaa'uudhaan bu'uura seera rogummaa qabuun ni raawwachiisa;
- 12) Gurgurtaa qabeenya dhaabbii hojii Korporeeshinichaaf barbaachisaa hin taane ni mirkaneessa;
- 13) Leecalloo Korporeeshinichaa ni hordofa; ni to'ata;
- 14) Herreegniifi qabeenyi Korporeeshinichaa akkaataa seeraatiin qabamuu isaanii ni mirkaneessa; to'ata;

- 5) የኮርፖሬሽኑን የሥራ እና የበጀት አፈጻጸም ሪፖርት ይገመግማል፤ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
- 6) የኮርፖሬሽኑን ዋና ሥራ አስኪያጅ እና ምክትል ዋና ሥራ አስኪያጅ ይቀጥራል፤ ይመድባል፤ ከስልጣን ያነሣል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣው መመሪያ ይወሰናል፤
- 7) ተጠሪነጣቸው ለዋና ሥራ አስኪያጅ የሆኑት የሥራ አመራሮች ቅጥር፣ ምደባ፣ ደመወዝ እና አበል በዋና ሥራ አስኪያጁ ሲቀርብለት በሚወጣው መመሪያ መሰረት ያፀድቃል፤
- 8) በጀት ዓመቱ ተጠናቆ በስድስት ወራት ውስጥ የትርፍ ድርሻ በዙጉ ልማት ፈንድ የባንክ ሒሳብ ውስጥ ገቢ እንዲሆን ያደርጋል፤
- 9) የኮርፖሬሽኑ ካፒታል እንዲጨምር ወይም እንዲቀንስ ለባለሥልጣኑ ሀሳብ ያቀርባል፤
- 10) ለውጭ እና ለውስጥ አዲተር የሂሳብ ሰነዶች፣ ለባለሥልጣኑ ደግሞ የኮርፖሬሽኑ የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት እና የሂሳብ መግለጫዎች ወቅቱን ጠብቆ እንዲቀርብ ያደርጋል፤
- 11) ለኮርፖሬሽኑ ሥራ ወሳኝ የሆኑ የመሳሪያ እና የንብረት ግዥ ዕቅድ በጥናት በሚረጋገጥ ከዓመታዊ የሥራ ዕቅድ ጋር ለባለሥልጣኑ እንዲቀርብ ያደርጋል፤ በሚሰጠው ውሳኔ ላይ በመመስረት በተገቢው ህግ መሰረት ያስፈጽማል፤
- 12) ለኮርፖሬሽኑ ተግባራት አስፈላጊ ያልሆኑ ቋሚ ንብረቶች ሽያጭን ያፀድቃል፤
- 13) የኮርፖሬሽኑን ሀብት ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- 14) የኮርፖሬሽኑ ሂሳብ እና ንብረት በህግ መሰረት መያዣቸውን ያረጋግጣል፤ ይቆጣጠራል፤

- 5) Review the work performance and budget reports of the Corporation; sets directions;
- 6) Hire, assign and dismiss from the power the General Manager and Deputy General Manager of the Corporation; its implementation shall be determined by the directive to be issued;
- 7) Approve the employment, assignment, salaries and the per diems of the leaders of staff who are accountable to the General Manager, in accordance with the Directive to be issued when it is submitted by the General Manager;
- 8) Cause the profit dividend to be deposited in to the bank account of the Zone Development Fund within six months up on the completion of the budget year;
- 9) Suggest its opinion to the Authority for the increase or decrease of the capital of the Corporation;
- 10) Cause timely submission of financial documents to the internal and external auditors, and the work performance reports and account statements of the Corporation to the Authority;
- 11) Ascertain the major procurements of work materials and properties which are decisive for the work of the Corporation through research and present its recommendation to the Authority together with the annual work plan; enforce in accordance with relevant law depending on the decision;
- 12) Approve the sale of permanent properties not essential to the operations of the Corporation;
- 13) Follow up and controls assets of the Corporation;
- 14) Ensure that the accounts and assets of the Corporation are kept in accordance with law; controls same;

- 15) Abbaa Taayitichaa hayyamsiisuun Korporeeshinichi herrega ofeeggannoo dabalataan akka qabaatu gaafachuun ni ramachisa; itti fayyadama isaas ni murteessa;
- 16) Investara yookiin Interpiraayizii Zoonichaa hojii misoomaa adda addaa irratti bobba'an lafa qabiyyee Zoonichaa keessa galanii akka hojjetan Abbaa Taayitichaa waliin qindoomuun kallattii ni kaa'a; raawwii isaa ni hordofa; ni to'ata;
- 17) Mindaafi kaffaltii adda addaa hoggantootaafi hojjetoota Korporeeshinichaa qoratamee dhiyaatuuf xiinxaluun Abbaa Taayitichaan akka mirkanaa'u ni taasisa;
- 18) Hojiiwwan Korporeeshinichaa kamiyyuu kunuunsa naannoo akkasumas nageenya hawaasummaa, seerotaafi hojmaata waliin akka walsimu kallattii ni kaa'a; raawwii isaa ni hordofa.

13. Bara Hojii Miseensota Boordii

- 1) Barri hojii miseensa Boordii waggaa sadii ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti miseensi Boordii bara hojii waggaa sadii xumure yeroo tokkoof irra deebi'ee filatamuu yookiin ramadamuu ni danda'a.
- 2) Miseensi Boordii hojii isaa gahumsaan bahuu yoo dadhabe, sababa gahaa malee walitti aansuun yeroo sadii ol yookiin bara baajataa tokko keessatti yeroo shaniifi isaa ol walgahii irraa kan hafe yoo ta'e, Abbaan Taayitichaa miseensummaa irraa akka ka'u qaama muudeef yookiin ramadeef yaada ni dhiyeessa.

- 15) ባለሥልጣኑን በማስፈቀድ ኮርፖሬሽን ተጨማሪ የመጠባበቅያ ሒሳብ እንዲኖረው በመጠየቅ ያስመድባል፤ አጠቃቀሙንም ይወስናል፤
- 16) በተለያዩ የልማት ሥራዎች ላይ የተሰማሩ ኢንቨስተሮች ወይም የዩኑኢንተርፕራይዞች የዩኑ የመሬት ይዞታ ውስጥ ገብተው እንዲሰሩ ከባለሥልጣኑ ጋር በመቀናጀት አቅጣጫ ያስቀምጣል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
- 17) ተጠንቶ የሚቀርብለትን የኮርፖሬሽን የስራ ኃላፊዎች እና ሰራተኞች ደግሞ እና የተለያዩ ክፍያዎችን በመመርመር በባለስልጣኑ እንዲፀድቅ ያደርጋል፤
- 18) ማንኛውንም የኮርፖሬሽን ሥራ ከአካባቢ ጥበቃ እንዲሁም ከማህበራዊ ደህንነት፣ ከህጎች እና ከአሰራር ጋር እንዲጣጣም አቅጣጫ ያስቀምጣል፤ አፈፃፀሙን ይከታተላል።

13. የቦርድ አባላት የስራ ዘመን

- 1) የቦርዱ አባል የስራ ዘመን ሶስት አመት ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ የሶስት አመት የስራ ዘመን ያጠናቀቀ የቦርድ አባል፣ በድጋሚ ለአንድ ጊዜ ሊመረጥ ወይም ሊመደብ ይችላል።
- 2) የቦርድ አባል ሥራውን በብቃት መወጣት ካልቻለ፣ ያለ በቂ ምክንያት ከሦስት ተከታታይ ጊዜያት በላይ ወይም በአንድ በጀት ዓመት ውስጥ ከአምስት ጊዜ እና ከዚያ በላይ ከስብሰባ ቀርቶ እንደሆነ ከአባልነት እንዲነሳ ባለሥልጣኑ ለሾመው ወይም ለመደበው አካል ሀሳብ ያቀርባል።

- 15) With the authorization of the Authority, assign additional reserve fund account of the Corporation; decide its use;
- 16) In coordination with the Authority, set directions for investors or enterprises of the zone that engages various development activities to enter and work in the land held by the Zone; follow up its implementation; controls it;
- 17) Analyze various salaries and remunerations of the leaders and employees of the Corporation investigated and submitted to it and ensure that they are approved by the Authority;
- 18) Set directions to ensure that any activities of the Corporation are consistent with environmental conservation as well as social welfare, laws and practices; follow up its implementation.

13. Term of Office of Board Members

- 1) The term of office of a member of the Board shall be three years and, as may be necessary, a member of the Board who has completed a three-year term may be re-elected or assigned for one term.
- 2) If a member of the Board fails to perform his duties efficiently, absent himself from meetings more than three consecutive times or five or more times in a fiscal year without sufficient reason, the Authority shall recommend his resignation to the body appointed or assigned him.

14. Sirna Walgahii Boordii

- 1) Boordiin yoo xiqqaate ji'atti yeroo tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, haalli ariifachiisaan yoo mudate yookiin miseensota Boordii keessaa walakkaan gaaffii yoo dhiyeessan dura taa'aa Boordii walgahii ni waama.
- 2) Miseensota Boordii keessaa harki caalu yoo argaman walgahiin guutuu ni ta'a.
- 3) Murteen Boordii sagalee caalmaan kan darbu ta'a; sagaleen walqixa yoo ta'e, yaadni walitti qabaa Boordiitiin deeggarama murtii Boordii ta'a.
- 4) Hoji gaggeessaa ol'aanaa Korporeeshinichaa mirga sagalee kennuu osoo hin qabaatiin walgahii Boordii irratti ni hirmaata.
- 5) Barreessaan Boordii ajandaan walgahii Boordii dursee miseensotaaf akka dhaqqabu ni taasiisa.
- 6) Qaboon yaa'ii walgahii Boordichaa miseensota walgahii irratti argamaniin mallattaa'u qaba.
- 7) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-6 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, Boordichi sirna walgahii mataa isaa ilaalchisee qajeelfama baasuu ni danda'a.

15. Ittigaafatamummaa Miseensota Boordii

- 1) Miseensonni Boordii aangoofi hojii seeraan isaanitti kenname ofeeggannoon raawwachuu qabu.
- 2) Miseensonni Boordii hojii isaanitti kenname sirnaan bahuu dhabuun miidhaa Korporeeshinicha irra gahuufi dhimmoota waliin murteessan irratti ittigaafatamummaa dhuunfaafi waliinii ni qabaatu.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatullee, murteen Boordii yeroo kennamu miseensi Boordii mormee sagaleen addaa bahe ittigaafatamummaa murtichi fidu irraa bilisa akka ta'u yaada isaa barreessee mallatteessuu qaba.

14. የቦርድ ስብሰባ ስነ-ስርዓት

- 1) ቦርዱ ቢያንስ በወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ የሚኖረው ሆኖ፣ አስቸኳይ ሁኔታ ሲከሰት ወይም ከቦርዱ አባላት ግማሹ ጥያቄ ካቀረቡ የቦርዱ ስብሰባ ስብሰባ ይጠራል።
- 2) ከቦርዱ አባላት አብላጫው ከተገኙ ምልዐተ ጉባኤ ይሆናል።
- 3) የቦርዱ ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ የሚወሰን ሆኖ፣ እኩል ድምጽ ከሆነ በቦርዱ ስብሰባ የደገፈው ሀሳብ የጉባኤው ውሳኔ ይሆናል።
- 4) የኮርፖሬሽን ዋና ሥራ አስኪያጅ ድምጽ የመስጠት መብት ሳይኖረው በቦርዱ ስብሰባ ላይ ይሳተፋል።
- 5) የቦርዱ ፀሐፊ የቦርዱን የስብሰባ አጀንዳ ለአባላቶቹ እንዲደርስ ያደርጋል።
- 6) የቦርዱ ስብሰባ ቃለ ጉባኤ ስብሰባ ላይ በተገኙ አባላት መፈረም አለበት።
- 7) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1-6 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ስነ-ስርዓት በሚመለከት መመሪያ ሊያወጣ ይችላል።

15. የቦርድ አባላት ኃላፊነት

- 1) የቦርዱ አባላት በሕግ የተሰጣቸውን ሥልጣንና ተግባር በጥንቃቄ መፈፀም አለባቸው።
- 2) የቦርዱ አባላት የተሰጣቸውን ሥራ በአግባቡ ባለመወጣታቸው በኮርፖሬሽን ላይ ለሚደርሰው ጉዳት እና በጋራ ለሚወስኑት ጉዳዮች ላይ የግል እና የጋራ ተጠያቂነት አላቸው፤
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው ቢኖርም፣ የቦርዱ ውሳኔ በሚሰጥበት ጊዜ ውሳኔውን በመቃወም በድምጽ የተለየ የቦርዱ አባል ውሳኔው ከሚያመጣው ተጠያቂነት ነፃ ለመሆን ሃሳቡን ጽፎ መፈረም አለበት።

14. Meeting Procedure of the Board

- 1) The Board shall hold regular meetings at least once a month and shall be convened by the Chairperson of the Board in the event of an emergency or at the request of half of the members of the Board.
- 2) A quorum shall be held in the presence of a majority of the members of the Board;
- 3) The decision of the Board shall be passed by a majority vote; in the event of a tie of votes, the chairperson shall have a casting vote.
- 4) The General manager of the Corporation shall attend meetings of the Board without a voting rights.
- 5) The Secretary of the Board shall ensure that the agenda of the meetings of the Board is made available to the members in advance.
- 6) The minutes of the Board meeting shall be signed by the members present at the meeting.
- 7) Without prejudice to the sub-article 1-6 of this article, the Board may issue directive regarding its meeting procedure.

15. Responsibilities of Board Members

- 1) The members of the Board shall exercise powers and duties assigned to them by law with diligence.
- 2) The members of the Board shall be severally and jointly liable for the damage caused to the Corporation by the failure to perform their duties properly and for the matters they decide together.
- 3) Notwithstanding to the provision under sub-article 2 of this Article, member of the Board who has objected the decision of the Board and come up with dissenting opinion shall write and sign his opinion to be free from the liability caused by the decision.

16. Aangoofi Hojii Hojigaggeessaa O’laanaa Korporeeshinichaa

Itti waamamni Hojigaggeessaa o’laanaa Boordiidhaaf ta’ee, aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Dambii kana keewwata 8 jalatti aangoofi hojii Korporeeshinichaaf kennaman hojiirra ni oolcha;
- 2) Hojii Korporeeshinichaa ni kaarooraa; ni gurmeessa; ni hoogganana; ni bulcha; ni to’ata;
- 3) walqunnamtii hojii qaama sadaffaa wajjin taasifamu irratti Korporeeshinicha bakka ni bu’aa;
- 4) Qacarrii, ramaddii, hojiirraa kaasuu ittigaafatamtoota hojii ittiwaamamni isaanii Hojii gaggeessaa O’laanaatiif ta’e Boordiiif dhiyeessun ni mirkaneessisa; tarreeffamni isaa Qajeelfama baahuun kan murtaa’u ta’aa;
- 5) Dambii Ittiin Bulmaata keessoo Boordiiin baasuu, seera hojjetaafi hojjechiisaafi hojimaata bulchiinsa humna namaa Abbaan Taayitichaa diriirsu irratti hundaa’uun hojjettoota Korporeeshinichaa ni qacara; ni jijjiira; ni ramada; hojiirraa ni gaggeessa;
- 6) Herrega baankii Korporeeshinichaa ni bana; ni sochoosa; akkaataa seeraatiin ni qaba;
- 7) Karooraa hojii Korporeeshinichaa yeroon qopheessee Boordiiifi Abbaa Taayitichaatiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa’u hojiirra ni oolcha;
- 8) Raawwii hojii Korporeeshinichaa Boordiiifi Abbaa Taayitichaaf ni gabaasa; akkaataa duub-deebii kennamuun ni raawwata;
- 9) Hojimaata Abbaan Taayitichaa diriirsuufi murtii Boordii bu’uureeffachuun qabeenya hojii Korporeeshinichaatiif barbaachisaa hin taane ni maqsa;

16. የኮርፖሬሽን ዋና ሥራ አስፈጻሚ ሥልጣንና ተግባር

የዋና ስራ አስፈጻሚ ተጠሪነት ለቦርዱ ሆኖ፣ የሚከተሉት ስልጣን እና ተግባራት ይኖሩታል።

- 1) በዚህ ደንብ አንቀጽ 8 ሥር ለኮርፖሬሽን የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ ያውላል፤
- 2) የኮርፖሬሽንን ሥራ ያቅዳል፤ ያደራጃል፤ ይመራል፤ ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤
- 3) ከሶስተኛ ወገን ጋር በሚደረገው የሥራ ግንኙነት ላይ ኮርፖሬሽንን ይወክላል፤
- 4) ተጠሪነታቸው ለዋና ሥራ አስፈጻሚ የሆኑት የሥራ አመራሮች ቅጥር፣ ምደባ እና ስንብት ለቦርዱ አቅርቦ ያፀድቃል፤ ዝርዝሩ በሚወጣው መመሪያ የሚወሰን ይሆናል፤
- 5) ቦርዱ በሚያወጣው መተዳደሪያ ውስጠ-ደንብ፣ የሠራተኛና አሠሪ ሕግ እና ባለሥልጣኑ በሚዘረጋው የሰው ኃብት አስተዳደር አሠራር ላይ በመመስረት የኮርፖሬሽንን ስራ-ተኞችን ይቀጥራል፤ ይቀይራል፤ ይመድባል፤ ከሥራ ያሰናብታል፤
- 6) የኮርፖሬሽንን የባንክ ሂሳብ ይከፍታል፤ ያንቀሳቅሳል፤ በሕግ መሠረት ይይዛል፤
- 7) የኮርፖሬሽንን የሥራ ዕቅድ በወቅቱ አዘጋጅቶ ለቦርዱና ለባለሥልጣኑ ያቀርባል፤ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፤
- 8) የኮርፖሬሽንን የሥራ አፈጻጸም ለቦርዱ እና ለባለሥልጣኑ ሪፖርት ያቀርባል፤ በሚሰጠው ግብረ-መልስ መሰረት ይፈፀማል፤
- 9) ባለሥልጣኑ በሚዘረጋው አሠራር እና በቦርዱ ውሳኔ ላይ በመመስረት ለኮርፖሬሽን ሥራ አስፈላጊ ያልሆኑ ንብረቶችን ያስወግዳል፤

16. Powers and Duties of General Manager of the Corporation

The accountability of the General Manager shall be to the Board and, shall have the following powers and duties:

- 1) Implement the powers and duties conferred on the Corporation under Article 8 of this Regulation;
- 2) Plan; organize; lead; administer and controls the works of the Corporation;
- 3) Represent the Corporation on the work relationships to be made with third party;
- 4) Submit to the Board and cause approval of the employment, assignment and removal of leader accountable to the General Manager; particulars shall be determined by the Directive to be issued.
- 5) Employ; transfer; assign and dismiss from duty the staffs of the Corporation based on the by-law to be issued by the Board, Labor Law and Working System of Human Resource Administration to be laid down by the Authority;
- 6) Open and runs bank accounts of the Corporation; maintain same in accordance with the law;
- 7) Prepare the work plan of the Corporation and submit same to the Board and the Authority on time; implement same upon approval;
- 8) Report work performance of the Corporation to the Board and Authority; carry out in accordance with the given feedback;
- 9) Dispose unnecessary resources for the activities of the Corporation based on the procedures established by the Authority and the decision of the Board;

- 10) Barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa lakkoofsa herrega baankii Fandii Misoomaa Zoonichaa galii ni taasisa;
- 11) Murtii Boordiifi kallattiiwwan Abbaa Taayitichaa irraa kennamu biroo ni raawwata; ni raawwachiisa; fi
- 12) Hojiiwwan dabalataa Boordiifi Abbaan Taayitichaa kennuuf ni raawwata.

17. Ittigaafatamummaa Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa
 Hojii Gaggeessaa Ol'aanaan yeroo hojii isaa raawwatutti dagannoon yookiin itti yaadee Korporeeshinicha irratti miidhaa yoo geessise yookiin miidhaan akka gahu yoo taasisse bu'uura seera roggummaa qabuun kan gaafatamu ta'a.

**Kutaa Afur
 Tumaalee Adda Addaa**

18. Kaappitaala Korporeeshinichaa
 Kaappitaalli Korporeeshinichaaf hayyamame qarshii 6,600,000,000.00 (Biliyoona jahaafi miliyoona dhibba jaha) ta'ee, kaappitaala hayyamame keessaa maallaqaan qarshii 1,196,000,000.00 (Biliyoona tokkoofi miliyoona dhibba tokkoofi miliyoona sagaltamii jaha) fi akaakuudhaan qarshii 454,000.00 (Miiliyoona dhibba afuriifi miiliyoona shantamii afur) waliigala qarshii 1,650,000,000.00 (Biliyoona tokkoofi miiliyoona dhibba jahaafi miliyoona shantama) maallaqaafi akaakuudhaan kaffalamee jira.

19. Madda Galii Korporeeshinichaa
 Maddi galii Korporeeshinichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

- 1) Kaappitaala ka'umsaa Mootummaan ramadu;
- 2) Galiiwwan tajaajiloota adda addaa Korporeeshinichi kennu irraa argamu; fi
- 3) Gargaarsa, kennaafi maddoota biroo irraa argamu.

10) በጀት ዓመቱ አልቆ በስድስት ወራት ውስጥ የትርፍ ድርሻ በዙፊ ልማት ፈንድ የባንክ ሒሳብ ውስጥ ገቢ ያደርጋል፤

- 11) የቦርዱ ውሳኔዎች እና ሌሎች ከባለሥልጣኑ የሚሰጡ አቅጣጫዎችን ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
- 12) በቦርዱ እና በባለሥልጣኑ የሚሰጠውን ተጨማሪ ሥራዎች ይፈጽማል፡፡

17. የዋና ሥራ አስኪያጅ ኃላፊነት ተጠያቂነት
 ዋና ስራ አስኪያጅ ሥራውን በሚያከናውንበት ጊዜ በቸልተኝነት ወይም ሆን ብሎ በኮርፖሬሽን ላይ ጉዳት ካደረሰ ወይም ጉዳት እንዲደርስ ካደረገ አግባብነት ባለው ህግ መሰረት ተጠያቂ ይሆናል፡፡

**ክፍል አራት
 ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች**

18. የኮርፖሬሽን ካፒታል
 ለኮርፖሬሽን የተፈቀደ ካፒታል ብር 6,600,000000.00 (ስድስት ቢሊዮን ስድስት መቶ ሚሊዮን) ሆኖ፣ ከዚህ ውስጥ ብር በጥሬ ገንዘብ 1,196,000, 000.00 (አንድ ቢሊዮን አንድ መቶ ዘጠና ስድስት ሚሊዮን) እና በአይነት 454,000,000.0 (አራት መቶ አምሳ አራት ሚሊዮን) በአጠቃላይ 1,650,000,000.00 (አንድ ቢሊዮን ስድስት መቶ ሃምሳ ሚሊዮን) በጥሬ ገንዘብ እና በአይነት ተከፍሏል፡፡

19. የኮርፖሬሽን ገቢ ምንጭ
 የኮርፖሬሽን የገቢ ምንጭ ከሚከተሉት ላይ ይሆናል፡-

- 1) መንግስት ከሚመድበው መነሻ ካፒታል፤
- 2) ኮርፖሬሽን ከሚሰጣቸው የተለያዩ አገልግሎቶች ላይ የሚገኘው ገቢ፤ እና
- 3) አክሲዮን፣ ከስጦታ እና ከሌሎች ምንጮች ላይ የሚገኝ፡፡

10) Deposit profit dividend of the Government in to the bank account number of Development Fund of the Zone within six months up on the end of the fiscal year;

- 11) Implement and causes to be implement other decision of the Board and direction given by the Authority;
- 12) Perform additional duties assigned by the Board and Authority to it.

17. Liability of the General Manager
 If the General Manager has negligently or intentionally caused damage or exposed the corporation for damage while performing his duty, he shall be held liable in accordance with the relevant laws.

**Part Four
 Miscellaneous Provisions**

18. Capital of the Corporation
 The authorized capital of the corporation is Birr 6,600,000000.00(Six billion and six hundred million) of which Birr 1,196,000, 000.00 (One billion and one hundred and ninety six million) in cash and Birr 454, 000, 000 (four hundred fifty four million) in kind and totally 1,650, 000, 000.00(One billion six hundred and fifty million) paid up in cash and in kind.

19. Sources of Income of the Corporation
 The sources of income of the Corporation shall be from the following:

- 1) Initial capital allocated by the Government;
- 2) Incomes from various services provided by the Corporation; and
- 3) Grants, gifts and from other sources.

20. Haala Bulchiinsa Qabeenyaa, Humna Namaafi Faayinaansii

- 1) Korporeeshinichi caasaa humna namaafi iskeelii mindaa mataa isaa ni qabaata.
- 2) Korporeeshinichi qajeelfama sirna bittaa, faayinaansii, bulchiinsaafi misooma humna namaa, bulchiinsaafi itti fayyadama qabeenyaa, kanneen biroo seerota dhimmi ilaallatu bu'uura gochuudhaan qopha'aniifi Boordiin ragga'an ni qabaata.

21. Itti Gaafatamummaa

Korporeeshinichi qabeenya waliigalaa qabuun olitti idaadhaan hin gaafatamu.

22. Galmee Herregaa

- 1) Korporeeshinichi galmee herregaafi harshameewwan maallaqaa guutuufi sirrii ta'e ni qabaata.
- 2) Aangoon Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaa akkuma eegametti ta'ee, herregni Korporeeshinichaa odiitara alaa Abbaan Taayitichaatiin mirkanaa'een waggaatti yeroo tokko odiitii ni taasifama.

23. Qooda Bu'aa Mootummaaf Kaffalamu

Korporeeshinichi yeroo herregni wagga cu fame irraa eegalee ji'oota jaha keessatti qooda bu'aa mootummaa Fandii Misoomaa Zoonichaatti ni dhangalaasa.

24. Yeroo Turmaata Korporeeshinichaa

Korporeeshinichi yeroo hin murtoofneef kan hundeeffame dha.

20. የንብረት፣ የሰው ኃይል እና የፋይናንስ አስተዳደር ሁኔታ

- 1) ኮርፖሬሽኑ የራሱ የሰው ኃይል መዋቅር እና የደመወዝ ስኬል ይኖረዋል።
- 2) ኮርፖሬሽኑ የግዥ ሥርዓት፣ የፋይናንስ፣ የሰው ሀብት አስተዳደር እና ልማት፣ የንብረት አስተዳደር እና አጠቃቀም እና ሌሎች ጉዳዩ የሚመለከቱ ህጎችን መሰረት በማድረግ የሚዘጋጁና በቦርዱ የሚፀድቁ መመሪያዎች ይኖሩታል።

21. ተጠያቂነት

ኮርፖሬሽኑ ካለው ከጠቅላላ ንብረቱ በላይ በዕዳ አይጠየቅም።

22. የሂሳብ መዛግብት

- 1) ኮርፖሬሽኑ የተሟላና ትክክለኛ የሂሳብ መዝገብ እና የሂሳብ መግለጫዎችን ይይዛል።
- 2) የኦሮሚያ ዋና ኮሚሽን መስሪያ ቤት ሥልጣን እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የኮርፖሬሽኑ ሒሳብ በዓመት አንድ ጊዜ በባለሥልጣኑ በተረጋገጠ የውጭ ኮሚሽን ኮሚቴ ይደረጋል።

23. ለመንግስት የሚከፈል ትርፍ ድርሻ

ኮርፖሬሽኑ ዓመታዊ ሂሳብ ከተዘጋበት ጊዜ ጀምሮ በስድስት ወራት ውስጥ የመንግስትን የትርፍ ድርሻ ወደ ሁለት ልማት ፈንድ ፈሰስ ያደርጋል።

24. ኮርፖሬሽኑ የሚቆይበት ጊዜ

ኮርፖሬሽኑ ላልተወሰነ ጊዜ የተቋቋመ ነው።

20. Property, Human Resources and Financial Management Condition

- 1) The Corporation shall have its own human resource structure and salary scale.
- 2) The Corporation shall have directive for the procurement, finance, human resource management and development, administration and utilization of properties, others prepared on the basis of relevant laws and approved by the Board.

21. Liability

The corporation shall not be held liable beyond its total assets.

22. Books of Accounts

- 1) The Corporation shall maintain complete and accurate records of accounts and financial statements.
- 2) Without prejudice to the powers of the Office of the Auditor General of Oromia, the accounts of the Corporation shall be audited once a year by an external auditor to be confirmed by the Authority.

23. Profit Dividend Payable to Government

The Corporation shall, within within six months up on the end of the fiscal year, transfer the profit dividend of the Government into the Development Fund of the Zone.

24. Duration of the Corporation

The Corporation is established for an indefinite period.

25. Seerota Raawwatiinsa Hin Qa-baanne

Dambiin, qajeelfamniifi bar-maatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

26. Aangoo Qajeelfama Baasuu

Dambii kana raawwachiisuuf Boordii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa qajeelfama baasuu ni danda'a.

27. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu

Dambiin kun Bitootessa 23 bara 2014 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee
Bitootessa 23 bara 2014

Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

25. ተፈጻሚነት የሌላቸው ሕጎች

ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረኑ ማናቸውም ደንብ፣ መመሪያ እና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ ደንብ ውስጥ በተካተቱ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም።

26. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን

የገዳ ልዩ የኢኮኖሚ ዞን ቦርድ ይህንን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ ሊያውጣ ይችላል።

27. ደንቡ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ ደንብ መጋቢት 23 ቀን 2014 ዓ.ም ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል።

ፊንፊኔ

መጋቢት 23 ቀን 2014 ዓ.ም

ሽመልስ አብዲሳ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዚዳንት

25. Non-Applicable Laws

Any Regulation, Directive and customary practice contrary to this regulation shall not be applicable on the matters covered under this Regulation.

26. Power to Issue Directives

The Gada Special Economic Zone Board may issue directives for the implementation of this Regulation.

27. Effective Date of Regulation

This regulation shall come into force as of April 1, 2022.

Finfine,
April 1, 2022

Shimallis Abdisa
President of the Oromia Regional State